# Kitaaba Lallabaa

## Seensa

Kitaab Lallabaa, yaada nama gaaffi'ii fi qorataan yaada haareya fidu, ka jiruun namaa attam gabaadu'uu fi bu'aa bayi'iin ta guutante teetee, muraa haqa hin te'iniin ta wol xaxxee fi dadhabbi'iin ta guutante akka teete gad fageennaan hubatee, «Jiruun namaa bu'aa hin qaddu» jedhee muummesse tokko qaba. Nami gaaffi'ii fi qorataan yaada haareya fidu kun, hujii Waaqaa ta hiree namaa toowattu qalbeeffatuu dadhabeera. Te'uu malee kolbaan bara le'ii ifii haga dandeette jabaattee akka hujjuu fi kennansa Waaqaatitti akka gammaddu gorsa kenna.

Yaad namicha gaaffi'ii fi qorataan yaada haareya fidu kanaa hedduun woliif masaanummaa qaban; addii kutatiisalle'een guutamaneeran. Te'uu malee kitaab kun Kitaaba Woyyicha keessatti dhaggamiisi isaa, dhugeeffannaan Kitaaba Woyyicha irratti hundootte, ta dhibii lakkisiitii kitaaba yaada masaanumma'aa fi mamaan guutame qabu kana haga qabattutti badhoo akka teete mudhisa. Kitaab kun jiruu namaa akka daaw'iti'ii waan mudhisuuf, namooti hedduun ittiin jajjabaataneeran. Kitaabummaan Woyyichi tokkochi kun Waaqa jiru'uuf hiikkaa guddoo kennutti addii godhatiisa akka dande'anu ka gorsu akka te'e hubataneeran.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Hiikkaa Jiru'uu*1:1–2:26*

Jedhii Marroo Jiru'uu *3:1—11:8*
Gorsa Muumme'ee *11:9—12:8*
Dubbii Gugurdoo *12:9-14*

## *Wonni Martinuu Bu'aa Hin Qaddu*

1 Jechi lallabaa ilma Daawitii, ka Yerusaalem
keessatti mootii te'ee, kanatti aanee jira.
2 Lallabaan kun, «Wonni martinuu bu'aa hin
qaddu! Bu'aa hin qaddu! Ijjumaa bu'aa hin
qaddu!» jedha.
3 Nami biyya lafaa irratti waan itti elowu
maraaf, bu'aa maan dhaggata?
4 Dhalooti tokko hin dabara; dhalooti hin dhufa.
Latti ammoo haga bara baraa hin jiraatti.
5 Aduun hin baati, hin seentille'e; gara addee
baateetitti deebi'iisaaf hin ariifatti.
6 Qilleensi gara kibbaa dhowa; gara kaabaalle
hin deebi'a. Maree, maree gara dhufetti hin
deebi'a.
7 Lagi martinuu gara abbaaya'aa yaa'an; te'uu
malee abbaayaan ijjumaa hin guuttu. Lagooti
sun gara addee dhufanee, ammalle achitti hin
deebi'an.
8 Wonni marti haga nami dubbatuu dadhabutti
nama hifachiitti. Ilti ilaaltee hin quuttu; gurrille
dhage'iisaan hin guutamu.
9 Woma dur te'eerutti ammalle te'uuf jira;
woma dur hujameerutti ammalle hujamu'uuf
jira. Biyya lafaa irra wonni haaretti hin jirtu.
10 Wonni nami, «Ilaa! Wonni kun waan haareya»
jedhuu dande'u jirtii? Wonni sun bara dheera'aan
dura, duruuyyuu asuma jirti; isiin adoo nuuti hin
dhalatiniin dura asuma jirti.

11 Waan bara durii te'e nami qaabatu hin jiru;
worri itti aanee dhufulle waan amma te'uu fi
waan te'uuf jiru hin qaabatu.

### *Qarummaan Bu'aa hin Qaddu*

12 Ani, lallabaan Yerusaalemitti mootii Israa'elii
te'eeraayyu.
13 Ani waan lafa irratti hujame mara
qarumma'aan qorqoriisaaf itti yaade; ilmaan
namootaa irratti Waaqi ba'aa attam attam
ulfaattu fe'e!
14 Ani waan biyyaa lafaa irratti hujame mara
ilaaleera; isaan martinuu bu'aa hin qabanu; akka
nama qilleensa ari'ee ti.
15 Wonni micciiramaan qajeeluu hin dande'u;
wonni hin jirrelle laakkowamuu hin dande'u.
16 Ani, «Kunoo, ani worra anaan dura
Yerusaalemitti mootii te'e mara caalaa, nama
guddaa te'eera; qarummaalle ede'adheera»
jedhee yaade.
17 Achiin duuba ani qarummaa, maraattum-
maa, gowwummaalle gargar baasee beekiisaaf
itti yaade; kunille ammoo akka nama qilleensa
ari'ee akka te'e hubadhe.
18 Qarummaan akkuma bacattuun gaddi ba-
cataa deema; beekkumsi akkuma bacatuun laal-
effatisille bacataa deema.

# 2

### *Gammadi Bu'aa Hin Qabu*

1 Ani gadhaa kiyya keessatti, «Dhaqee ifi gam-
machiisa; hiikkaa gammadaa qorqoree beeka»
jedhee yaadadhe; sunille ammoo waan bu'aa hin
qanne.

2 Ani, «Kolli gowwumma'a; gammadi maan na-
maa godha?» jedhe.

3 Qalbiin tiyya adoo qarumma'aan yaadattuu,
ani daadhii woyni'iitiin ifi gammachiisiisaaf,
gowwummaa hanqafatiisaaf wodhaane.
Namooti bara diqqaa lafa irra le'anu yoo
hujane waan bu'aa isaaniif buusu, ani dhagguu
barbaade.

4 Ani hujii gugurdoo huje; mana hedduu ijaar-
radhe; muka woyni'iille dhaabbadhe.

5 Ani oorruu heddu'uu fi addee bashannanaa
hedduu qopheeffadhe; isaan keessatti gosa muka
midhaan buusu mara dhaabbadhe.

6 Mukoota guddatu san obaasiisaaf waan bisaan
itti kuufamu hujadhe.

7 Ani garboota dhiiraatii fi dubarti'ii bitadhe;
garboota dhibii ka mana kiyya keessatti dhala-
tanelle qabaayyu. Worra anaan dura Yerusaalem
keessaa jiru caalaa loon bacaa, re'e'ee fi hoolee
karra hedduu horadhe.

8 Ani meetii, worqii, karra moototaatii fi karra
kutaa biyyaa wolitti qabadheera. Faarfattoota
dhiiraatii fi dubarti'ii akkasuma gursumeeyyii il-
maan namootaa itti gammaddu bacaa qabaayyu.

9 Worra anaan dura Yerusaalem keessa jiru
caalaa guddaa te'eera. Waan kana mara keessatti
qarummaan anuma woliin jirtiiyyu.

10 Waan ilti tiyyaa fi gadhaa kiyya halche mara
dhaggadhe. Gadhaan kiyya Hujii tiyya maratti
gammade; tun gatii eloo tiyya maraa ti.

11 Te'uu malee waan harki kiyya hujee fi waan
itti elowe maraayyuu yennaa ilaalu, bu'aa hin

qaddu; akka nama qilleensa ari'ee ti; biyya lafaa
irra wonni bu'aa qaddu hin jirtu.

12 Maarre ani yaada kiyya gara qarummaa,
maraattumma'aa fi gowwummaa qorqoriisaatitti
deebifadhe. Nami mootii tokkoon duuba mootii
te'uuf jiru, ka dur hujame caalaa maan hujuu
dande'a ree?
13 Akkuma ifi dukkana caalu, qarummaan akka
gowwummaa caaltu dhagge.
14 Nami qaroon waan isa dura jiru beeka; nami
gowwaan ammoo dukkana keessa ideema; wonni
isaan lamaanittuu dhufu ammoo tokkuma akka
te'e hubadheera.
15 Achiin duuba ani gadhaa kiyya keessatti,
«Eega wonni nama gowwa'atti dhufu natti dhufu
te'ee, maaniif qaroo te'e ree?» jedhee yaadadhe;
gadhaa kiyya keessatti, «Tunille bu'aa hin qaddu»
jedhe.
16 Nami qaroon, akkuma nama gowwa'aa haga
bara baraa hin qaabatamu; baroota dhufanu
keessatti isaan lamaanuu hin dedhaman.
Akkuma nama gowwa'aa, nami qaroolle hin
du'a.
17 Wonni biyya lafaa irratti hujamu waan na
gaddisiiseef, ani jiruu jibbe; wonni martinuu
bu'aa hin qaddu; qilleensa ari'iisa.

18 Nama na duubaan dhufuuf waan lakkisuuf,
ani waan biyya lafaa irratti itti elowu mara jibbe.
19 Nami na duubaan dhufu sun qaroo yookiin
gowwaa te'uu isaa eentu beeka? Te'uu malee
inni waan ani biyyaa lafaa irratti itti elowee
qarumma'aan huje san irratti abbummaa hin
qabaata. Tunille bu'aa hin qaddu.

20 Maarre ani waan biyya lafaa irratti itti elowe
maraaf deebi'ee addii kutatiisa jalqabe.
21 Sababille nami tokko hujii ifii qarumma'aan,
beekkumsaa fi dandeetti'iin waan huje, achiin du-
uba waan qabu mara nama itti hin elowin tokkoof
lakkisa. Tunille waan bu'aa hin qanne, miidhama
gudda'a.
22 Nami biyya lafaa irratti waan itti elowuu fi itti
mixiixxatu mara keessaa bu'aa maan dhaggata?
23 Barri jiruu isaa marti farraa fi gaddaan guu-
tameera; halkanille'een qalbiin isaa hin foorfattu.
Tunille bu'aa hin qaddu.
24 Nami nyaatee, unee, waan hujatetti
gammadiisa caalaa wonni dansaan inni hujuu
dande'u hin jirtu. Tunille Waaqa biraa akka
dhuttu dhagge;
25 Waaqaan malee, eentu nyaatuu yookiin gam-
maduu dande'a ree?
26 Waaqi nama isa gammachiisuuf qarummaa,
beekkumsaa fi gammada kenna; nama cubbicha
ammoo karra wolitti qabee tuulee, nama Waaqa
gammachiisuuf dabarsee akka kennu godha. Tu-
nille bu'aa hin qaddu; qilleensa ari'iisa.

# 3

## *Waan Maraaf Yennaan Jirti*

1 Waan maraaf yennaan jirti;
waan biyya lafa irraa maraaf yennaan jirti.
2 Dhalatiisaaf yennaan jirti;
du'iisaafille yennaan jirti;
Dhaabiisaaf yennaan jirti;
buqqisiisaafille yennaan jirti.

3 Ijjeesiisaaf yennaan jirti;
fayyisiisaafille yennaan jirti.
Diigiisaaf yennaan jirti;
ijaariisaafille yennaan jirti.
4 Bowiisaaf yennaan jirti;
kolliisaafille yennaan jirti.
Gaddisaaf yennaan jirti;
sirbiisaafille yennaan jirti.
5 Dhakaa bittinneessiisaaf yennaan jirti;
dhakaa wolitti qabiisaafille yennaan jirti.
Hanqafatiisaaf yennaan jirti;
hanqafatiisa lakkisiisaafille yennaan jirti.
6 Barbaadiisaaf yennaan jirti;
barbaadiisa lakkisiisaafille yennaan jirti.
Maffatiisaaf yennaan jirti;
gatiisaafille yennaa jirti.
7 Tarsaasiisaaf yennaan jirti;
hodhiisaafille yennaan jirti.
Cadhisiisaaf yennaan jirti;
dubbatiisaafille yennaan jirti.
8 Jaalatiisaaf yennaan jirti;
jibbiisaafille yennaan jirti.
Lolaaf yennaan jirti;
nageyaafille yennaan jirti.

9 Nami waan itti elowe irraa bu'aan maan dhag-
gata ree?
10 Ani hujii ulfaattuu Waaqi namootatti fe'e
dhaggeera.
11 Waaqi waan mara yennaa isi'iititti miidhas-
see dadeera. Inni halchaa yennaa dhuma hin qan-
nee yaada namootaa keessa keyeera; te'uu malee

isaan waan Waaqi jalqabaa haga dhumaatitti
godhu beekuu hin dande'anu.
12 Nami bara jiruu ifii waan dansaa hujee itti
gammadiisa caalaa wonni tokkolle akka hin jirre
beekeera.
13 Nami martinuu nyaatee, unee, waan itti
elowetti gammadiisille kennansa Waaqaa ti.

14 Wonni Waaqi huje martinuu haga bara baraa
akka jiraattu ani hin beeka; wonni itti ede'amuu fi
irraa fuudhamu tokkolle hin jiru. Nami martinuu
akka isa sodaatuuf, Waaqi waan kana godhe.
15 Wonni amma jiru kama dur jiru; wonni gara
duraa te'ulle kama dur te'eeru; Waaqi woma
dabare deebisee fida.
16 Ani ammalle lafaa irratti waan dhibii dhagge:
addee muraa haqaatitti, hammeenna, addee
balchumma'aatitti, daba dhagge.
17 Ani, «Waaqi waan maraa fi hujii maraafille
yennaa waan qabuuf, balcha'aa fi cubbichalle
gara mura'aa hin fida» jedhee, gadhaa kiyya
keessatti yaadadhe.
18 Ani ammalle, «Namooti akka bineensotaa akka
te'ane akka ifi dhagganuuf, Waaqi haga isaan
ilaala» jedhee, gadhaa kiyya keessatti yaade.
19 Hireen namaatii fi bineensaalle tokkuma.
Akkuma kuun du'u kuunille du'a; isaan marti ha-
fuuruma tokko qaban; nami bineensa hin caalu.
Wonni martinuu bu'aa hin qaddu.
20 Martinuu addee takkaa dhaqan; martinuu
akkuma biyyee irraa dadamane, garuma biyye'ee
hin deebi'an.
21 Lubbuun namaa gara gubba'aa akka baatu,
lubbuun bineensaa gara lafaa gad akka buutu

eentu beeka?
22 Namaaf hiree isaa waan teeteef, hujii ifiititti
gammadiisa caalaa wonni tokkolle akka hin jirre
hubadheera. Nami du'een duuba waan te'u akka
inni dhagguuf, eentu deebisee isa fiduu dande'a
ree?

# 4

### *Cunqurfama, Eloo, Jaala Dhabiisa*

1 Ammalle ani cunqurfama biyya lafaa irratti
te'iisatti jiru mara dhagge. Imimmaan worra
cunqurfamee dhagge; ka isaan jajjabeessulle hin
jiru. Worri isaan cunqursu hunna guddoo waan
qabuuf, ka isaan jajjabeessu hin jiru.
2 Tanaaf, ani, «Worra haga ammaa jiru'uun jiru
caalaa worra duruu du'eeru woyya.
3 Worra lamaanuu caalaa ammoo worra hin
dhalatin, ka hammeenna biyya lafaa irratti hu-
jamu hin dhaggin woyya» jedhee yaade.
4 Wonni nami itti elowuu fi dandeetti'iin hujatu
marti hinaaffaa irraa akka kaatu dhagge. Tunille
bu'aa hin qaddu; akka nama qilleensa ari'ee ti.
5 Gowwaan harka maratee tee'ee, beelaan du'a.
6 Elo'oo fi qilleensa ari'iisaan harka lama dhag-
gatiisaa mannaa, qalbii nageyaatiin harka tokko
dhaggatiisaa woyya.
7 Ammalle waan bu'aa hin qanne takka biyya
lafaa irratti dhagge:
8 nami qofii ifii le'u tokko, ilma yookiin ob-
boleessa ka hin qanne, ka waan mara irratti eloon
isaa dhuma hin qanne, karra ifiitille'een, «Na
geetti» ka hin jenne, inni «Ani eennuuf elowa? Ani
maaf gammada ifi dhoogga?» jedhee ifi gaafata;

kunille waan bu'aa hin qanne; hujii nama gaddisi-
ittu.
9 Eloo ifiitiif bu'aa dansaa waan dhaggatanuuf,
tokko te'uu irra lama te'uu woyya.
10 Tokko yoo jige, kuun ol kaasa; yoo jige, ka ol
isa kaasu, nama hin qanneef ammoo aanne'e.
11 Nami lama yoo woliin rafe, wol hin o'isa;
nami tokko attam qofuu ifi o'isuu dande'a ree?
12 Nami tokko nama qofuu jiru injifatulle, nami
lama ifi irraa dhooggatuu dande'an. Wodaroon
sadiin dhowante ariifattee hin cittu.
13 Mooticha jaarsa gowwaa gorsa hin fud-
hannee mannaa, dargageessa hiyyeessa qaroo
woyya.
14 Dargaggeessi sun mana hidha'aa keessaa
bayee mootii ka te'e yookiin biyyuma mootii itti
te'eeru san keessatti hiyyeessa te'ee dhalateera
fa'a te'a.
15 Worri biyya lafaa irra ideemaa le'u marti
dargaggeessa addee mootichaa bu'u san hordo-
fanuun dhagge.
16 Inni kolbaa bacaa bulchaa tureeyyu. Worri
duubarra dhufe ammoo isatti hin gammanne; tu-
nille bu'aa hin qaddu; qilleensa ari'iisa.

# 5

*Waaqa Sodaadhu*

1 Yennaa gara Galma Waaqaa seentu miila keetii
eeggadhu; caqasiisaaf qophowanee dhikaatiis, ci-
incaa gowwoole'ee, ka worra waan hantuu akka
huje hin beenne caalti.
2 Afaan keetiin hin ariifatin; Waaqa duratti
waan tokko dubbatiisaafille gadhaa keeti

keessatti hin jarjarin. Waaqi ol-gubbaa jira;
ati ammoo lafa irra jirta; maarre dubbiin teeti
diqqoo teetuu ti.
3 Hujiin yennaa bacattu akkuma oojjuu na-
matti fiddu, addee dubbiin bacattutti dubbii
gowwa'aatitti jira.
4 Waaqaaf yennaa waadaa galtu, muummessi-
isaaf hin turin. Inni worra gowwa'atti hin gam-
madu; waadaa keeti muummessi.
5 Waadaa galtee muummessiisa dhabuu irra,
waadaa galiisa dhabuu woyya.
6 Afaan keeti gara cubbu'uu si hin geessin.
Ergamaa Galma Waaqaatiin, «Waadaan ani gale
dokonkora» hin jedhin. Maaniif Waaqi dubbii
teetitti aaree hujii harka keetii balleessa ree?
7 Oojjuun baca'aa fi dubbiin bacaan bu'aa hin
qaddu. Tanaaf, Waaqa sodaadhu.

### *Durummaan Bu'aa Hin Qaddu*

8 Biyya tokko keessatti hiyyeessi cunqurfamee,
muraan haqaatii fi mirgi isaa dhooggameen yoo
dhaggite, waan akkasii san hin baaseffatin; qon-
daalli tokko qondaala isa ajaju tokkoon ilaallama;
isaan lachuu irralle'etti ol aanaa dhibi'ittuu jira.
9 Wonni latti baachu ta nama maraa ti; mootich-
inuu fichaa irraa fayyadama.
10 Nami beesee jaalatu ijjumaa beesee hin qu-
ufu; nami durummaa jaalatulle ijjumaa bu'aa hin
quufu; tunille bu'aa hin qaddu.
11 Karri yennaa bacattu, worri nyaatulle hin ba-
catan. Ka horate ila ifiitiin ilaaliisa malee, maan
bu'aa isaaf qaba?

12 Hojjataan diqqoo yookiin guddoo nyaatulle
hirriiba dansaa rafa; bacinni karra dureessaa am-
moo hirriiba isa dhooggiti.

13 Wonni hantuun ani biyya lafaa irratti dhagge
takka, karra abbaa horate miidhiisaaf tuulantu,
14 yookiin karra dedhuma baddu; inni yennaa
ilma uumatu, harka ifii duwwaa hafa.
15 Nami qullaa ifii gadaamessa haadha ifii
keessaa dhalata; akkuma dhalate san deebi'ee hin
deema; waan itti elowe keessaa tokkolle harkatti
qabatee hin deemu.
16 Tunille waan hantuu akka malee nama gad-
disiittu; nami akkuma dhalate san deebi'ee hin
deema; wonni itti elowe sun akka waan qilleensi
fudhatee eega teete, inni bu'aa maan dhaggata
ree?
17 Inni bara jiruu ifii mara gadda gudda'aan,
dhibe'ee fi aari'iin dukkana keessa le'a.
18 Tun hiree isaa waan teeteef, nami bara jiruu
ifii diqqoo Waaqi biyya lafaa irratti isaaf kenne
tana keessatti nyaataa, unaa, waan itti elowe
maratti gammadiis waan dansa'aa fi waan isaaf
maltee akka teete hubadhe.
19 Waaqi karraa fi qabeenna namaaf kennee,
akka nami hiree ifii fudhatee, waan itti elowetti
gammadu, tun kennansa Waaqaa ti.
20 Waaqi gammada gadha'aa namaaf waan ken-
nuuf, nami marroo bara jiruu ifiitiif hin yaad-
dowu.

# 6

1 Ani biyya lafaa irratti waan hantuu dhibii
dhagge; isiille namootatti akka malee ulfaatti:

2 nami halchaa gadhaa ifii akka hin dhanne,
Waaqi karra, qabeennaa fi ulfinna isaaf hin
kenna. Ammoo alaga'atti qabeenna isaa nyaata
malee, Waaqi akka inni qabeenna ifii nyaatu isa
hin goone; tunille bu'aa hin qaddu; akka malee
waan hantu'u.
3 Nami tokko ijoollee dhibba uumatee, bara
bacaa le'uu dande'a; haga le'elle le'u, inni yoo
karra ifiititti hin gammadin, ulfinnaan yoo hin
awwaalamin, ani, «Isa caalaa finna du'ee dhalate
woyya» jedha.
4 Finni adoo hin dhalatin du'e sun bu'aa hin
qabu; maqaa malee, dukkana keessaa dukkanatti
deebi'a.
5 Finni sun ijjumaa aduu dhagguu dhabulle
yookiin womaa beekuu dhabulle, nama san
caalaa foora qaba.
6 Namichi sun woggaa kuma lama yoo le'elle
ammoo karra ifiitiin hin gammanne. Isaan
lamaanuu addee takkaa dhaqanii motii ree?
7 Eloon namaa martinuu woma nyaatu dhag-
gatiisaaf; te'uu malee fedhiin isaa ijjumaa hin
guuttu.
8 Nami qaroon nama gowwaa maaniin caala
ree? Nami hiyyeessille namoota dhibii odduu
attam akka le'u beekuun maan bu'aa isaaf qaba
ree?
9 Halcha'aan joonjuu irra, waan ilti dhaggitu
woyya. Halcha'aan joonjuun bu'aa hin qaddu;
qilleensa ari'iisa.
10 Wonni amma jiru woma duruu maqaan
itti moggaafame; nami maan akka te'e duruu
beekkameera. Nami ka isa caalaa jabaatu woliin

falmatuu hin dande'u.
11 Dubbiin bacattu, wonni bu'aa hin qannelle
bacatti; isii keessaa nami maan bu'aa dhaggata
ree?
12 Nami bara jiruu ifii ta bu'aa hin qanne,
gabaadduu akka gaaddisaa dabartu tana keessa
adoo jiruu, waan isaaf dansaa te'e eentu beeka?
Inni du'een duuba biyya lafaa irratti waan te'uuf
jiru eentu isatti himuu dande'a?

# 7

*Qarummaa*

1 Fiqiree dansa'aa mannaa, maqaa dansaa
woyya; guyyaa dhalootaatii mannaa guyyaa
du'aa woyya.

2 Gara mana nyaataa fi unto'oo dhaqiisaa man-
naa, gara mana bowaa dhaqiisa woyya; duuti
muummee nama maraa waan teeteef, worri ji-
raataan tana qalbeeffatuu ti.

3 Gaddi qalbeeffatiisaaf dansaa waan te'eef, kol-
laa mannaa, gadda woyya.

4 Nami qaroon marroo gaddaa yaadata; nami
gowwaan ammoo marroo gammadaa qofa yaa-
data.

5 Faaruu worra gowwa'aa caqasu'uu mannaa,
xixicha nama qaro'oo caqasuu woyya.

6 Kolli nama gowwa'aa akka qoree okkotee jalaa
xaxa'ittuu ti; tunille bu'aa hin qaddu.

7 Cunqursiisi nama qaroo gowwaa gooti; safuun
qalbii nama balleessiti.

8 Jalqaba waan tokkootii mannaa, muummee
isi'ii woyya; koora mannaa, ossata woyya.

9 Aariin bobaa gowwa'aa keessa waan jirtuuf,
ati ariifattee hin aarin.

10 Gaaffiin akkasii gaaffii nama qaro'oo waan
hin te'iniif, «Bara ammaatii mannaa, maaf bara
durii woyya?» jettee hin gaafatin.

11 Qarummaan akkuma dhalaa dansa'a; worra
lafa irra le'uuf bu'aa qaddi.
12 Akkuma beeseen gollaa namaaf teetu,
qarummaalle gollaa namaaf teeti; irra caalaa
ammoo qarummaan jiruu nama isii qabuu hin
eeddi.

13 Me waan Waaqi godhe ilaali! Waan Waaqi
dasse eentu qajeelchuu dande'a ree?
14 Barri dansaa yennaa te'e, gammadi; barri
badaa yennaa te'e ammoo, hubadhu; Waaqi
akkuma waan tokko dade, waan dhibiille dade;
tanaaf nami waan gara duraa te'u hin beeku.
15 Ani bara jiruu tiyyaa ka bu'aa hin qanne
kana keessa, nami balchaan tokko adoo balchaa
te'eeruu du'uun, nami hamaan tokko adoo hamaa
te'eeruu bara dheeraa le'uun, waan lamaan kana
dhaggeera.
16 Ati akka malee balchaa, akka malee qaroolle
hin te'in. Yoo akkas teete ifi balleessita.
17 Yennaa teeti malee akka hin duuneef, akka
malee hamaa, akka maleelle gowwaa hin te'in.
18 Waan tokko qabatanee, ta dhibiille lakkisuu
dhabiis dansa'a. Nami Waaqa sodaatu waan mara
irra haga taree hin deemu.

19 Bulchitoota kudhan qachaa tokko keessa ji-
ranu caalaa, qarummaan nama qaroo tokkoof
jabeenna kenniti.

20 Nami balchaan yennaa mara waan dansaa
huju, cubbuulle ka ijjumaa hin hunye, lafa irra
hin jiru.
21 Tajaajilaan keeti si abaaruun akka hin
dhageenneef, jecha kolbaan jettu mara hin
caqasin;
22 atinuu yennaa hedduu worra dhibii akka
abaarte, gadhaan keeti hin beeka.
23 Ani qarumma'aan waan kana mara haga
ilaalee, «Ani qaroo hin te'a» jedhee yaade. Qarum-
maan ammoo na irraa fagaatte.
24 Qarummaan waan teetelle teetu, waan fagoo
jirtu; waan guddoo gad fagaatteertulle'e. Eentu
barbaadee isii dhagguu dande'a?
25 Tanaaf ani qalbii tiyya gara beekkumsaa,
gara wo qorqoriisaa, gara qarummaa barbaadi-
isaa, gara hiikkaa hundee waan mara barbaadi-
isaa, gara dadhabbii worra gowwoole'ee hubati-
isaatii fi gowwummaan maraatiisa akka teete hu-
batiisaa deebifadhe.
26 Ani dubartii akka tiyyo'oo, ta yaad isi'ii akka
fonxoro'oo, ta harki isi'ii akka haachabaa, ta du'a
caalaa hadhoottu dhagge. Nami Waaqaa isii jalaa
hin miliqa; cubbicha ammoo akka tiyyo'oo hin
qabatti.
27 Lallabaan sun, «Kunoo, wonni ani qorqore
tana: hundee waan maraa qorqoriisaaf, waan
tokko waan dhibii irratti ede'ee,
28 adoo barbaadiisatti jiruu ammoo ammalle
hin dhaggine. Namoota kuma oddu'utti namicha
yaada qajeelaa qabu tokkocha dhaggeera; isaan
mara oddu'utti ammoo dubartii qajeeltuu takkat-
tiille hin dhaggine.

29 Ani tana callaa dhagge: Waaqi nama yaada
qajeelaa qabu dade; namooti ammoo mala hed-
duu barbaadane» jedha.

# 8

1 Nami akka nama qaro'oo hiikkaa woyii beeku
eennu? Qarummaan fuula namaa ifaallessa
gooti; nyaara namaalle hin jijjiirti.

## *Mooti'iif Ajajamuu*

2 Waaqa duratti waan kakatteef, ajaja mooti'ii
muummessi.
3 Fuula mooti'ii duraa deemiisaaf hin ariifatin;
inni waan jaalate godhiisa waan dande'uuf, dub-
bii baddu'uuf hin dhaabbatin.
4 Jechi mooti'ii baallii waan qabuuf, «Ati maaf
waan kana goota?» ka jedhuu dande'u eennu?
5 Nami ajaja mooti'iitiif ajajamu hin miidhamu;
gadhaan nama qaro'oo yennaa wo itti hujuu fi
akka itti wo huju hin beeka.
6 Rakkinni namaa akka malee itti ulfaatulle,
waan maraaf yennaa itti teetuu fi akka itti teetutti
jira.
7 Nami waan gara duraa te'u eega hin beenne,
waan dhufu'uu jiru eentu itti himuu dande'a ree?
8 Nami hafuura isa keessaa bawu irratti, guyyaa
du'a ifii irralle'etti baallii qabu hin jiru. Akkuma
nami Yennaa lolaa keessa gad lakkifamuu hin
dandeenne, wonni hantuun worra isii huju gad
hin lakkittu.

## *Nama Hama'aa Fi Nama Balchaa*

9 Ani waan biyya lafaa irratti hujame mara qal-
bii tiyyaan qorqoree dhagge. Nami nama miidhi-
isaaf*, yennaa nama dhibii irratti goottaa te'utti
jira.
10 Akkasuma, ani worri hamaan addee
woyyitti'ii gad bayaa, ol seenaa turane,
awwaalamanee dhagge; isaan qachuma waan
hantuu itti hujane keessatti leellifamane. Tunille
bu'aa hin qaddu.
11 Yakkaa irratti muraan ariiti'iin yennaa hin
kennamin, gadhaan kolba'aa mala hantuu huji-
isaatiin guutama.
12 Nami cubbaalessi yennaa dhibba yakkaa hu-
jee bara dheeraa le'ulle, worra Waaqa sodaatu,
ka ulfinna Waaqaaf kennuuf wonni dansaan akka
teetuuf ani hin beeka.
13 Nami hamaan ammoo Waaqa waan hin so-
daanneef, wonni dansaan isaaf hin teetu; barri
isaalle akka gaaddisaa hin dheeratuuf.
14 Wonni dhibiin bu'aa hin qanne takka lafa irra
jirti: waan nama balcha'aaf te'u nami hamaan,
waan nama hama'aaf te'u nami balchaan fud-
hata; tunille waan bu'aa hin qanne.
15 Nami biyya lafaa irra le'u nyaatee, unee,
gammadiisa caalaa wonni tokkolle waan hin jir-
reef, maarre ani gammadiis dansaa akka te'e
murteesse; tanaaf, nami bara Waaqi biyyaa lafaa
irratti jiruu isaaf kenne mara hujii ifiititti hin
gammada.
16 Ani qarummaa beekiisaaf, eloo namaa ta
lafa irratti halkanii fi guyyaa ilti isaa hirriiba

* **8:9** *Nami nama miidhiisaaf:* Ka jedhu kun ifi miidhiisaaf jed-
hameelle hiikamuu hin dande'ama.

hin qanne hubatiisaaf, qalbii tiyyaan yennaa qorqoru,
17 waan Waaqi huje mara dhagge; waan biyya
lafaa irratti godhamu eennulle beekuu hin dande'u; nami qorqoriisaaf guddoo wodhaanulle hiikkaa dhaggiisaaf hin dande'u; nami qaroon, «Hin beeka» yoo jedhelle, ijjumaa hubatuu hin dande'u.

# 9

*Muummee Nama Maraa*

1 Ani kana maraa hubatiisaaf wodhaaneera.
Nami balcha'aa fi qaroon, hujiin isaaniille harka Waaqaa keessa jirti; wonni isaan eeggatu, jaalala yookiin jibba akka te'e, nami beeku hin jiru.
2 Nami balcha'aa fi hamaan, nami dansa'aa
fi badaan, qulqullichii fi battichi, ka ciincaa dhikeessuu fi ka hin dhikeessine martinuu hiruma tokko qaban. Nama dansa'aaf akkuma teetu, nama cubbichaafille teeti; worra kakatuuf akkuma teetu, worra kakuu sodaatuufille teeti.
3 Waan biyya lafaa irratti te'u mara keessaa
wonni hantuun hiree tokko dhaggatiisa nama maraa ti; irra caala'aayyuu, gadhaan namootaa hammeennaan guutameera; bara jiruu isaanii mara maraattummaan gadhaa isaanii keessa jirti; muummee irratti gara du'aa deeman.
4 Nami odduu worra jiraata'aa jiru ammoo addii
qaba; neenqa du'ee mannaa, saree jirtu woyya.
5 Worri jiru akka du'anu hin beekan; worri du'e
ammoo waan tokkooyyuu hin beekanu; gatii hin qabaatanu; dabarsiin isaaniituu hin dedhanti.

6 Jaalalli isaanii, jibbaa fi hinaaffaan isaanii
eega baddee turteerti; waan biyya lafaa irratti te'u
keessatti isaan ijjumaa qooda hin qabanu.
7 Wonni ati amma gootu Waaqa duratti fud-
hatama waan qadduuf, dhaqiitii sagalee teeti
gammadaan nyaadhu; daadhii woyni'ii teetille
gadhaa gammadaatiin uni.
8 Yennaa mara woyaa adii uffadhu; mataa
keetille zayitii ejersaa dibadhu.
9 Jiruu teetii fi biyya lafaa ta irratti eloottu
keessatti tun hiree teeti waan teeteef, bara jiru'uu
ka bu'aan hin qanne ka Waaqi si'iif kenne kana
mara keessatti, niitii teeti ta jaalattu woliin gam-
madi!
10 Addee worri du'e jiru, ta ati dhaqiisaaf jirtu
san hujiin yookiin itti yaadanee wo qopheeffatiis
yookiin beekkumsi yookiin qarummaan waan
hin jirreef, waan harki keeti hujiisa beeku mara
hunna teeti guutu'uun huji!
11 Ani ammalle waan dhibii biyya lafaa irratti
dhagge: worri akka malee rukkisu yennaa mara
hin injifatu yookiin loltooti jajjabbaan lola hin
injifattu yookiin qaroon sagalee hin qabu yookiin
beekaan durummaa hin qabu yookiin worri dan-
deettii qabu hin leellifamu; yenna'aa fi hireen
ammoo isaan mara irratti hin teeti.
12 Nami hiree isaa badduun yoom akka itti
dhuttu hin beeku; akkuma qurxummiin caccoo
hantuu seentee qabantu, akkuma sinbirreen rib-
boo jala seentu, ilmaan namaalle yennaa hantuu
dedhuma isaanitti dhuttuun hin qabaman.

### *Qarummaan Gowwummaa Caalti*

13 Ani ammalle biyya lafaa irratti fakkeenna
qarumma'aa ka guddoo natti maadee te'e tokko
dhagge:
14 qachaan diqqaan nami diqqaan keessa le'u
tokko jiraayyu; mootiin hunnaamessi tokko
dhufee lola itti kaasee, kaabii guddoo marsee
itti ijaare.
15 Namichi hiyyeessi qaroon qachaa san keessa
le'u tokko jiraayyu; inni qarummaa ifiitiin qachaa
san hambure. Ammoo namicha hiyyeessa san
nami tokkolle hin qaabanne.
16 Maarre ani, «Qarummaan jabeenna caalti»
jedhe; ammoo namichi kun hiyyeessa waan te'eef,
qarummaan isaa tuffatante; jecha isaalle nami
dhage'e hin jiru.
17 Iyya bulchaa gowwoole'eetii mannaa, dubbii
qaroon laana dubbatu woyya.
18 Qarummaan meya woraanaa caalti; cubbaa-
lessi tokko ammoo waan dansaa bacaa balleessa.

# 10

1 Akkuma tiitichi du'e fiqiree ajeessu, gowwum-
maan diqqoon qarumma'aa fi ulfinna namaa
diqqeessiti.
2 Qalbiin nama qaro'oo gara karaa qajeelaa isa
geessiti; qalbiin nama gowwa'aa ammoo gara
karaa dokonkoraa isa geessiti.
3 Gowwaan karaa yennaa ideemuuyyuu,
wodanaa hin qabu; inni attam gowwaa akka
te'e eennulle'etti hin mudhisa.
4 Bulchaan keeti sitti aaree yoo si irratti ka'e,
addee teeti gad hin lakkisin; sarmiis aarii guddoo
qabbaneessiti.

5 Waan hantuu ani biyya lafaa irratti dhagge
keessaa tokko, dokonkora bulchaan huju.
6 Gowwooleen addee ulfinnaa tee'anee,
dureeyyiin ammoo addee gad aantuu
tee'aneeran.
7 Qondaaltoti akka garbootaa miilaan ideen-
tuun, garboota farda irratti dhagge.

8 Nami boolla qotu ifumaafuu keessa bu'a.
Nama dalleya dhaka'aa diigu dhudhuufaan hin
idda.
9 Nama dhakaa fonqolchu, dhakaan hin miidha;
nama muka fadhaansu muki sun hin madeessa.
10 Agaraan duude yoo hin qaramin, hunna gud-
doo barbaachisa; dandeettiin ammoo nama mil-
keessiti.
11 Dhudhuufaan adoo qorsaan hin muusowin
yoo idde, namichi qorsaan muusessu sun womaa
bu'aa hin dhaggatu.

12 Dubbiin afaan nama qaro'oo keessaa baatu,
fudhatama qaddi; nami gowwaan ammoo dub-
buma ifiitiin bada.
13 Jalqaba irratti dubbiin isaa gowwumma'a;
dhuma irratti maraattummaa hantu'u.
14 Gowwaan dubbii baceessa.
Waan dhufu'uu jiru, nami beeku tokkolle hin
jiru; nami du'een duuba, waan te'uuf jiru, eentu
isatti himuu dande'a ree?
15 Hujiin gowwa'aa isuma dadhassiitti; inni
karaa gara qacha'aa geessuuyyuu hin beeku.

16 Ee biyya mootiin ijoollichaa, ta qondaaltoti
teeti ganamaan jila nyaataa fi unto'oo qopheef-
fattu si'iif aanne'e!
17 Ee biyya mootiin keeti sanyii dansa'aa, ta
qondaaltoti teeti machi'iif adoo hin te'in, ittiin

jabaatiisaaf, yennaa barbaachisaa teetetti nyaata-
nee unanu, ati ta hiree dansaa qaddu!
18 Nami yoo booseya te'e, heellichoon hin duufa;
harka ifii maratee yoo tee'e, manni hin dhim'isa.
19 Jilti areerti'ii nama gammachiisiisaaf
qophootti; daadhiin woyni'ii jiruu namaa
gammachiitti; beeseen ammoo waan mara bitti.
20 Yaada keeti keessatti mootii hin abaarin
yookiin kolloo teeti keessatti dureessa hin
abaarin; sababille worri akka sinbirree koolaan
kaatuu tokko dubbii teeti fuudhee, waan ati jettu
hin hima fa'a te'a.

# 11

### *Waan Nami Qaroon Godhu*

1 Guyyaa heddu'uun duuba deebitee waan
dhaggattuuf, midhaan keeti bisaan irra ergi.
2 Balaa hamaa lafa irratti dhufu ati waan hin
beenneef, karra teeti addee torbatti yookiin sad-
deetitti qoodii maffadhu.
3 Duumensa keessa bisaan yoo guute, bok-
keenni lafa irratti rooba. Muki gara kibbaa
yookiin gara kaabaa yoo jige, adduma itti jige san
hin irkata.
4 Nami yennaa mara qilleensa dansaa eegatu
hin facaafatu; nami yennaa mara duumensa
ilaalu hin haammatu.
5 Qilleensi eessa akka deemu yookiin jiruun
yookiin hafuurri gara finna gadaamessa haadhaa
keessa jiruu attam akka seenu akkuma beekuu
hin dandeenne, ati hujii Waaqa waan mara dadee
beekuu hin dandeettu.
6 Waan ati facaatte keessaa ka tolu kam akka
te'e waan hin beenneef, midhaan keeti ganamaan

facaasi; galgalalle harki keeti hujii hin lakkisin; kun yookiin sun yookiin lamaanuu hin tola fa te'a.
7 Ifi dansa'a; aduu ilaaliis ilatti tola.
8 Nami bara hedduu le'ulle, bara san mara gammaduu ti; ammoo barri dukkanaa bacaa akka te'e qaabatuu ti. Wonni dhufu martinuu bu'aa hin qabu.

### *Gorsa Dargaggootaaf Kenname*

9 Ee dargaggeessa, yennaa dargaggummaa teetii gammadi! Bara dargaggummaa teetii gadhaan keeti gammaduu ti; yaada gadhaa keetii, waan ilti teeti dhaggite gula deemi; waan kana maraaf ammoo, Waaqi gara mura'aa akka si fidu beeki.
10 Tanaaf gadhaa keeti keessaa yaaddoo fageessi; nafa keeti keessaa waan hantuu baasi. Sababille dargaggumma'aa fi jabeenni bu'aa hin qaddu.

# 12

1 Barri rakko'oo adoo hin dhufin, woggooti, ati, «Ana hin gammachiisanu» jettulle adoo hin dhikaatin, bara dargaggummaa teetii ka si dade qaabadhu.
2 Ati yennaa dulloontu aduun, ifi, jiinii fi urjiin hin dukkanowan; duumensi bokkeyaa hin dabaru.
3 Yennaa san harki keeti hin hollata; miilli keeti hin dadhaba; ilkaan keeti waan si irraa harca'uuf corqitee hin dandeettu; ilti teetille hubattee hin dhaggitu.
4 Yennaa san gurri keeti dhage'uu hin dadhaba; yennaa wo nyaattulle corqiis hin dhage'amu;

namooti yennaa sinbirreen woccu hin ka'an; qoonqoon woca isaanii ammoo sitti diqqoo dhage'ama.
5 Yennaa san tarba bayiisa hin sodaatta; miilaan deemiisa guddoo hin sodaatta; rifeensi keeti akka daraaraa muka «Almond» jedhamuu adii hin te'a; yennaa ideentu akka korophiisaa hin tatabbitta; fedhiin teeti hin baddi. Achiin duuba ati gara mana keeti ka bara baraa hin deenta; kolbaan awwaala keetiif hin yaati.
6 Jiruun teeti akka haachaba meeti'ii adoo hin citin yookiin akka qorii worqi'ii adoo hin cabin yookiin akka waan bisaaniin woraabbatanuu, madda biratti adoo hin bututin yookiin akka korboo bisaan boollaa ittiin woraabbatanuu, adoo hin cabin,
7 biyyeen gara biyye'ee adoo hin deebi'in, hafurrille gara Waaqa isa kennee adoo hin deebi'in ka si dade qaabadhu.
8 Lallabaan, «Wonni martinuu bu'aa hin qaddu! Dhugumaan bu'aa hin qaddu!» jedha.

### *Yaada Buufataa*

9 Lallabaan qaroo waan te'eef, waan ifii beeku kolbaa barsiise; mammaassa hedduu itti yaadee, qorqoree, tarree galchee qopheesse.
10 Inni jecha sirri'ii dhaggiisaaf qorqoree, waan dhugaa te'ee fi sirrii te'e barreesse.
11 Jechooti qaroole'ee akka sibiila mutaa qotiyyoo ittiin oofanuu ti; jechooti isaanii ka wolitti qabamane, akka mismaara lixee seenee ti; jechi kun martinuu Waaqa tokkocha nu mara tissu irraa kennamane.

12 Ilma kiyya, gorsa dhibii kanatti aanee jir-
ulle fudhadhu! Kitaabota hedduu barreessiisille
muummee hin qabu; kitaaba qorqortii baceessiis
nama dadhassiisa.
13 Amma wonni marti dhage'anteerti; muum-
meen waan maraa tana waan teeteef, Waaqa so-
daadhu; ajaja isaa eeggadhu; hujiin namaa gud-
dittiin tana.
14 Waaqi hujii maraayyuu, dansaalle teetu
yookiin hantuu, ta dhokaataatitti hujantelle, gara
mura'aa hin fida.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 19 Dec 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e